Oromiyaa Gaazeexaa

Lakk. 339

Odoo

Leenjichi misooma biyyattii saffisiisuuf shoora olaanaa akka qabaatu ibsame

Leenjiin qajeelchota giddu galeessaa adeemsifamaa jiru misooma biyyattii saffisiisuu keessatti shoora olaanaa akka qabaatu anneen leenjicha fudhachaa jiran tokko tokko ibsan.

Leenjii qajeelchota giddu galeessaa Xoollaayitti kennamaa jiru irratti kan hirmaatan keessaa Ob. Dabalaa Tasfaayee, Ob. Galataa Didhaa, Ad. Wuddinesh Taklahaymaanoot, Ob. Darajjee Abdiisaa, Ob. Habtaamuu Abdataa, Ob. Bariisoo Saaphayii yaada gaazeexaa Oromiyaaf kennaniin, leenjiin kun yeroo isaa kan eeggateefi hiyyuma keessaa ba'uuf qabsoo taasifamu kan saffisiisu akka ta'e addeessaniiru.

Wallaggaa lixaa aanaa Laaloo Assaabiitti itti gaafatamaa waajjira dhimma dargaggootaafi ispoortii kan ta'an Ob. Dabalaa Tasfaayee yaada kennaniin, biyyi keenya misoomaan akka hin guddanne rakkooleen akka dhiphummaa, naannummaa, maxxantummaa, gosummaa gufuu guddaa ta'nii turaniiru. Gufuu kana maqsuuf ammoo hunda dura qajeelchaan jijjiirama amalaa fiduun murteessaadha. Kanaaf ammoo leenjiin kun hubannoo gaarii waan uumeef hubannoo argame kana hojiitti jijjiiruudhaan misooma si'ataa fiduun akka danda'amu dubbataniiru. Kana malees adeemsi kana dura ture hirmaannaa ummataa kan dagateefi yeroo kana garuu adeemsi ummata hirmaachisu waan eegalameef xiyyeeffannoon dargaggootaaf kennamee hojjetamaa jiru fakkeenya gaarii ta'uu eeraniiru.

Godina Shawaa lixaa aanaa Xuqur Incinniitti dura taa'aa bulchiinsa aanaa kan ta'an Ob. Galataa Didhaa akka jedhanitti, misooma biyya keenyaa guddisuun yoo barbaadame gufuuwwan wal xaxaa biyya keenya keessa jiran dhabamuu qabu. Gufuuwwan kanneen akka naannummaa, gosummaa, karaa hin taane wal fayyaduunfi kkf yoo hin maqfamne guddina barbaadamu bira ga'uun akka hin danda'amne dubbataniiru. Kanaaf rakkoowwan kanneen keessaa ba'uuf leenjiin oggantoota giddu galeessaa kun murteessaa akka ta'e Ob. Galataan ibsaniiru. Gaggeessaan leenjii kana fudhate leenjicha hojiitti jijjiiruuf kutatee ka'uu qaba kan jedhan Ob. Galataan, rakkoowwan armaan olitti eeraman irraa kan ka'e gochaa farreewwan misoomaatiin aanaa isaaniitti raawwatamee ture akka fakkeenyaatti eeraniiru. Leenjiin akkasiifi haaromsi yeroo adda addaatti yoo itti fufe bu'aa guddaa galmeessuun akka danda'amu dubbataniiru.

Ad. Wuddinesh Taklahaymaanoot Godina Arsii, aanaa Jajuu waajjira ittisaafi to'annoo HIV/AIDSii irraa dhufani. Isaanis leenjicha ilaalchisuun yaada kennaniin, adeemsi misoomaa kiraa sassaabuu irratti hundaa'e guddina misoomsaa mirkaneessuu hin danda'u. Guddinni mirkanaa'uu kan danda'u karaa sirrii ta'e yoo dorgomame qofaadha. Qabeenya uumamaa qabaachuun keenya qofti guddina Oromiyaa mirkaneessuu hin danda'u, akka ad. Wuddinesh jedhanitti. Kanaaf leenjiin kun kanneen hunda waan nu hubachiiseef hojiitti hiikuun nurraa eegama erga jedhanii booda, qajeelchaan hundi guddina Oromiyaaf quuqamee hojjechuu qaba jedhaniiru.

Godina Iluu A/Booraa aanaa Biloo Noophaatti itti gaafatamaa waajjira eegumsa fayyaa aanaa kan ta’an Ob. Darajjee Abdiisaas yaada nuuf kennaniiru. Isaanis akka jedhanitti, biyyi keenya addunyaa sirna giloogbaalaayzeeshinii keessa galtee tokko ta’aa jirtu keessaa ala ta’uun guddina akka hin mirkaneessine leenjicha irraa hubachuu isaanii addeessaniiru. Tarsiimoofi imaammata gaarii qabaannus kana hojiirra oolchuuf gama qajeelchaatiin hanqinni guddaan akka jiru leenjicharraa akka hubatan dubbataniiru. Ob. Darajjeen yaada isaanii itti fufuudhaan, rakkoon hawaasa keessatti mul’atu hundi hanqina oggantummaa irraa madde ta’uu eeranii, leenjiin kun eessa akka jiran waan isaan argisiiseef fuulduraaf bu’aa gaarii akka galmeessisuun dandda’u ibsaniiru.

Ob. Habtaamuu Abdataa Wallagga lixaa aanaa Qilxu Kaarraatti itti gaafatamaa proppagaandaa dhaabaati. Isaanis akka jedhanitti, leenjiin kun rakkoo ture kan agarsiisu, furmaata kan kaa’u waan ta’eef jijjiirama sammuu fiduu akka dana’u addeessaniiru. Rakkooleen ummata keessatti ka’an hundi rakkoolee bulchiinsa gaarii, rakkoolee oggantummaa irraa maddaan akka ta’an Ob. Habtaamuun eeranii, kunneen ammoo balaa misooma keenyaa waan ta’aniif maqfamuu akka qaban dubbataniiru. Kanaaf gaggeessaan leenjii kana fudhate eessa akka jiru of ilaalee kutannoo dhaan ummata tajaajiluu akka qabu leenjichi faaydaa guddaa akka qabu eeraniiru.

Godina Gujii aanaa Liibanitti itti gaafatamaa waajjira dhaabaa kan ta’an Ob. Bariisoo Saaphayii yaada kennaniin, biyyoota Afriikaa wantoota akka hin guddanne taasisan leenjii kana irraa akka hubatan dubbataniiru. Akka walii galaatti rakkoon jiru dorgommii malee guddachuuf socho’uun gufuu guddaa ta’uu eeranii, kunis maxxantummaan akka ibsamu dubbataniiru. Dorgommiin ala duroomuuf yaaluun gufuu guddina biyyaa ta’uu Ob. Bariisoon eeranii, waanti guddaan barumsa argame kana hojiirra oolchuun misooma mirkaneessuu akka ta’e addeessaniiru.

Leenjiin oggantoota giddu galeessaa adeemsifama jiru marsaa duraatiin oggantoonni 4000 ta’an leenji’aniiru.

Waldaan dargaggoota Naqamtee birmadummaa biyyaa kabachiisuuf qophaa’oodha jedhan

Waldaan dargaggoota magaalaa Naqamtee haala yeroo irratti maree taasisaniin waraana manni murtii Islaamummaa Somaaliyaa Itoophiyaa irratti labse dura dhaabbachuun birmadummaa biyyaa kabachiisuuf qophii ta’uu beeksisan.

Biyya keenya fuula ishee gama misoomaatti garagalchite maqaa amantaatiin misooma ishee gufachiisuuf humnoota sosso’an ofirraa qolachuun dhimma biyyaa ta’uu waldaan kun addeessee, lammiin hundi tokko ta’ee hiriiruu akka qabu dhaameera. Aadaan injifannoo abbootii keenyaa nuyiinis dabalamuu qaba kan jedhan miseensonni waldaa kanaa mootummaa cinaa dhaabatanii waan isaan irraa barbaadamu gumaachuuf qophii ta’uu beeksisaniiru.

Gama biraatiin godinuma kanatti qonnaan bultoonni gootota misoomaa ta’an sadarkaa gandaatii kaasee hanga goinaatti walumaa gala qonnaan bultoonni 941 badhaafamaniiru. Kanneen keessaa 16 sadarkaa godinaatti kan badhaafaman yoo ta’u sadarkaa federaalaatti kan badhaafamanis kanneen akka ta’an beekuun danda’ameera.

Qonnaan bultoonni kunneen waraqaa ragaafi meeshaalee qonnaa kan akka akaafaa, qonyee, haamtuu, saappeettaa, gaarii kan badhaafaman yoo ta’u 16n keessaa tokko dubartii akkasumas tokko qubattoota keessaa akka ta’an beekuun danda’ameera.

Bar-dheengaddaa godina kana irraa qonnaan bultoonni 32fi ogeessonni misoomaa 5, sadarkaa naannootti badhaafamuun isaanii niyaadatama.

Badhaasichi hojii caaluuf akka isaan kakaasu badhaafamtoonni beeksisan

Ayyaana qonnaan bultootaa Mudde 14-18/1999 ilaalchisuun qonnaan bultoonni badhaafaman tokko tokko yada kennaniin badhaasichi hojii caaluuf akka isaan kakaasu beeksisan.

Naannoo Oromiyaa godina Wallaggaa dhihaa aanaa Beegiitii kan dhufan Ob. Jimaaloo Ligdii, godina Shawaa kibbaa lixaa aanaa Iluutii kan dhufan Ob. Kumaa Dhaabaa, naannoo Amaaraa godina Kamsee, aanaa Daawwaa Cafaatii kan dhufan Ob. Mahaammadi Zaakii akka ibsanitti, imaammata misoomaa mootummaan diriirse fudhachun gorsa ogeessota qonnaa duukaa bu'uun waan hojjataniif omishaafi omisheesitummaa guddisaniiru, galii omisharraa argataniin jireenna isaanii jijjiiraniiru; mootummaan tattaaffii isaanii xiinxallee isaan badhaasuun hojii caaluuf kan isaan kakaasu akka ta'e addeessaniiru

Ob. Hayiluu Baalchaa, Biiroo Miisooma baadiyaafi qonnaa Oromiyaatti, gorsaan Biirichaafi qindeessaan qonnaan bultoota naannoo Oromiyaatii badhaafamanii gama isaaniitiin akka ibsanitti, qonnaan bultoota adda duree carraaqinna isaaniitiin hiyummaa irratti injifanno gonfatan badhaasuun gara fuulduraa qonnaan bultoota miliyoonota giddutti wolmorkii cimaa haala uumu waan ta'eef, cimee waan itti deemamu qabuudha jedhaniiru.

Gootonni misoomaa badhaasa kana argatan qonnaan bultoota, ogeeyyii misoomaa, waldaalee hojii gaamtaa, yuuneenota walda hojii gamtaa, aanaalee, gandootafi waldaalee ummataa hojii misoomaatiin fakkeenna ta'anii argaman. Haala kanaan qonnaan bultoota badhaafaman 500 keessaa 200 Oromiyaa, 160 Amaaraa, 105 Naannoo kibbaa, 35 ammoo Tigraayii kan filatamaniidha. Badhaafamtoonni 75. Ogeeyyii qonnaa, waldaalee hojii gamtaafi yuneenota, aanaalefi gandoota akkasumas waldaalee ummataati.

Badhaasa kana kennuuniifi sirni badhaasa kun waggaa waggaan akka ta'u murteeffamun, qonnaan bultoota hojii caaluuf kan kakaasu, haala wal dorgommii qonnaan bultoota giddutti kan uumu akka ta'e qonnaan bultoonni badhaafamaniifi ogeessonni qonnaa tokko tokko yaada nuu kennaniin ibsaniiru.

Badhaafamtota kanaaf, badhaasa kan kennaan muummicha Ministeeraa Mallas Zeenaawiti. Haaluma kanaan qonnaan bultootaaf kan kenname madaaliyaa, saarifileetiaafi Raadiyoo Filpisiidha. Ogeessota qonnaatiif, TV deekkii waliin, waldaaleef kompiitara priintarii waliin kennameera.

Muummicha ministeeraa Mallas badhaasa erga kennaniin booda haasawa godhaniin, dinqisiifannaa gootota msoomaaf qaban "Hiyyummaa irratti ol'aantummaa argachuu keessaniin ummanni Itoophiyaa marti isiniin bona, fakkeenna waan taataniif qonnaan bultoonni biyya keenna marti isinitti amanu; isin abdatu. Waan ta'eef, maqaa ummata Itoophiyaa marti isiniin boona, fakkeenna waan taataniif qonnaan butoonnii biyya keenna marti isinitti amanu; isin abdatu. Waan ta'eef, maqaa ummata Itoophiyaa maraan gootota misoomaa badhaasa kanaaf geettaniin baga gammadan jedha" jechuun gammachuu isaanii ibsaniiru.

Ayyaanni qonnaan bultoota kun gaafa jala bultii badhaasaa Igiziibishiin jalqabame, gaafa 16/99 paanaaliitu deemsifame, gaafa 17/99 daawwannatu qe'ee qonnaan bultootatti deemsifame. Mudde 18/99 guyyaa qonnaan bultoonni naannolee addaddaa irraa dhufan muuxannoo itti walii dabarsan akka ture beekuun danda'ameera

Injifannoon misooma baadiyatti galma’e injifannoo misoomaa magaalattif bu’uura jedhame

Gootonni misoomaa gidduu kana magaalaa Baahir daaritti wayita badhaafaman, injifannoon misoomaa baadiyatti galma’e injifannoo misoomaa magaalattifis bu’uura waan ta’eef, gootonni misoomaa, jereenya ummata magaalaas haala wal fakkaatuun jijjiiruuf kutannon hojjachuu akka qaban waamichi dhiyaateera.

Akkuma beekkamu, imaammanni dinagdee ADWUIfi mootummaan ADWUIn hogganamu hordofan kunoo milka’ina agarsiisuu eegaleera. Qonnaan bultoonni biyya keennaa seenaa isaanii keessatti qabeenna horatanii hin beekne deeggarsa imaammata kanaatiin horachuu jalqabaniiru. Abbootii konkolaataa, kan baaburaa daakuu, mana viilaa ta’uufi birrii miliyoona horachuu danda’aniiru.

Imaammanni kun adda durummaan qonnaan bulaa kan fayyadu ta’uun mamii hinqabu. Garuu faayidaan isaa qonnaan bulaa irratti qofa daangeffamee hin hafu. Ummata magaalatiifis faayedaa guddaa qabaata. Baadiyaan yemmuu guddattu, magaalaanis ni guddata ni dhaqaba. Muummichi Ministeera Mallas Zeenaawii wayita gootota misoomaa badhaasan haasawa dhageessisan kanuma kan mirkaneessan.

“Injifannoon misoomaa baadiyatti galmaa’aa jiru jalqabarratti kan fayyadamu ummta baadiyaa ta’ullee, faayidaan injifannoo kanaa asirratti dabalamaa wayita deemu jireenya qaalawaa magaalatti mul’atu kan hiikamu ta’uunsaa waan mamii hin qabne” kan jedhan Ob. Mallas, kanarraa ka’uun gootonni misoomaa baadiyaatti jijjiirama qabatamaa ta’e agarsiisaa jiran, jireenya ummata magaalaa obboleewwan isaaniitis jijjiiruuf kutannon akka hojjatan waamicha dhiyeessaniiru.

Guddinni misoomaa baadiyaatti galmaa’aa jiru qaala’umsa jireenyaa magaalaattii mul’atu hiikuudhaan qoftii kan dhaabbatu miti. Faayidaan isaa achi bira darbee deema. Omishaafi omisheesitummaan qonnaan bulaa yoo guddatu, qonnaan bulaan callaa nyaata isaa irraa hafe gabaaf dhiyeessa. Galii achirraa argatuun magaalaa shaqaxoota isaaf barbaachisan bitata. Yeroo kana sochiin daldalaa magaalaa keessatti deemsifamu ni babal’ata jechuudha. Ummanni badiyaa, ummata baayyinni isaa %85 ta’eedha. Ummanni kun humna bitachuu horate jechuun gabaan magaalaa babal’ate, daldalli guddate. Daldalli guddate jechuunimmoo ummanni magaalaa fayyaadame jechuudha. Imaammatichi, faayidaan kennu qonnaan bulaa irratti qofa daangeffamee hin hafu wanti nu jechisiise isa kana. Inni lammaffaan ga’ee imammatichi Industirii babal’isuu keessatti qabuudha. Omishaa fi omisheesitummaa qonnaan bulaa wayita guddatu, warshaaleen meeshaa dheedhii haala ga’aa ta’een akka argatan taasisa. Gama biraatiin qonnaan bulaan humna waa bitachuu danda’uun uumata, omisha worshaaleen omishan ballinaan bitata waan ta’eef, worshaaleen keenna gabaa amansiisaa qabaatu.

Dinagdee biyya keennaa saffisaan guddisuuf ADWUIn durumaanu bu’uura kanarraa ka’ee imaammata baase waan ta’eef, baadiyaafi magaalaan haalli itti walqabatanii guddatan uumameera jechuun ni dand’ama.

Akkuma qabatamaan mul’ataa jiru yeroo ammaa baadiyaa keessatti jijjiiramni mul’ataa jiru kan baayyee nama dinqisiisudha. Guddina baadiyaattis mul’ataa jiru kana bu’uura godhachuun magaalattiillee sochii guddina saffisaa fidu eegaluudhaaf qophiin xumurameera, Muummichi Ministeeraa Mallas akka ibsanitti.

Ummanni magaalaallee akkuma ummata baadiyaa gootota misoomaa lakkobsaan hangana hin jedhamne baayee qaba waan ta’eef injifannoon baadiyaatti galmaa’aa jiru magaalattillee kan dabalamu akka ta’eedha amantaa guutuun Ob. Mallas kan ibsan.

Misoomni saffisaan baadiyaatti deemsifamu misooma saffisaa magaalatti deemsifamuun deeggaramee, lamaan isaaniituu walsooranii, yeroo fagoo hin taane keessatti biyya keenna hiyyummaa keessaa baasuudhaan, hiyummaa seenaa taasisu amantaan jedhu cimaadha Muummichi Ministeeraa Mallas akka hubachiisanitti.

Iioo Dubbi

Adda durummaan dammaqsuu qabu

Seenaa addunyaa irraa akka hubannutti, guddina dinagdee biyya kamiifiyyuu qonni bu'ura ta'uu isaa agarra. Keessumattuu biyyoonni har'a fiixee guddinaa irratti argaman ka'umsa guddina isaanii of duuba deebinee yoo ilaalle dhugaa isa, duraan kaasuuf yaalle kan nuuf dhugoomsu ta'a.

Biyyi keenyas karaan yeroo ammaa irratti argamtuufi bu'aan damee kanaan argamsiisaa jirtu hiyyummaa hudhee nu qabe kana jalaa ba'uuf kan abdii namaa kennudha. Yeroo ammaa imaammata misooma baadyaa mootummaan baase irratti hundaa'uu dhaan deeggarsa ogummaa laatamuuf sirriitti qalbeeffachuudhaan qonnaan bulaan hojjetee, oolee osoo hin buliin bu'aa hojii isaa arguudhaan badhaafamaa jira. Bu'aa argateen jireenya isaa yeroo kamirrayyuu fooyyeffachuu danda'uun isaa kaayoo imaammata misooma baadyaa keenyaa yemmuu ta'u, badhaasichi qonnaan bulaaf laatamuun isaa ammoo daandii eegale kana cimsee akka itti fufuufi. Yoo jireenyi isaa fooyya'e, qabeenyaa yoo dabale guddina dinagdee biyya keessatti ga'ee olaanaa waanta qabaatuufi.

Mootummaan naannoo Oromiyaa ganna darbe gootota misoomaa yeroo jalqabaaf sadarkaa naannootti badhaasuun isaa gootota misoomaa miliyoonaan lakkaa'aman horachuuf daandii saaqeera. Akkuma ijaan argineefi gurraan dhaga'aa jirru fagoo osoo hin deemiin godinoota Finfinneetti marsanii argaman kanaan dura nyaata waggaa kan hin dandeenye, har'a kanarra darbanii abbaa qabeenyaa giddu galeessaa ta'uun isaanii bu'aa imaammata keenyaati. Kanaaf jecha bu'aa damee qonnaatiin gootota misoomaa kumaatamaan lakkaa'amaniin akka biyyaatti galmeeffamaa jiru kana jajjabeessuudhaaf kanneen biroos ittiin kakaasuudhaaf torban darbe sadarkaa biyyatti qonnaan bultoota 500 ol ta'aniifi hojjettoota misoomaaf badhaafni laatameera. Qonnaan bultoota badhaafaman kanneen keessaa 200 naannoo Oromiyaatii kan dhihaatanidha.

Badhaasa kana keessatti qonnaan bultootaafi hojjettoota misoomaatti dabale waldaaleen gamtaa, hoggantoonni godinaaleefi aanaalee hammatamaniiru. Kun ammoo dhugaa tokko nutti mul'isa. Innis, imaammata misooma baadyaa hojiitti jijjiiruudhaan bu'aa kana caalu fiduudhaaf caasaa gandaafi aanaa dura kan bu'u hin jiraatu. Akkuma bu'aa argamuun galateeffaman, kufaatii dhufuufis adda dureen gaaffii seenaaf kan dhihaatu caasaadhuma kanneen ta'a.

Kanaafuu bara itti aanu gootota misoomaa kumaatama badhaasaaf horatu akka ta'u badhaafamtoonni kun adda durummaa isaanii taphachuu qabu jenna.

Aaga Badhadhinaa

Adda durummaa, dirree misoomaa irratti

Ganna darbe mootummaan biyyaalessa naannoo Oromiyaa qonnaan bultoota, horsiisee bultootaafi ogeessota qonna adda duree ta'an gootota misoomaa jedhee badhaasuun isaa waan yaadatamu. Gidduu kanas gootonni misoomaa sadarkaa biyyaalessatti badhaafamaniiru. Sirna badhaasaa mootummaa Feederaalaatiin magaalaa Baahir daaritti deemsifame maxxansa itti aanuun itti deebiina. Maxxansa kanaan mee gootota misoomaa sadarkaa Naannoo Oromiyaatti badhaafaman keessaa muuxannoo namoota muraasaa mee isiniif haa qoodnu.

Ob. Mahaadii Abdulaahii qonnaan bulaa Araddaa Bilisummaati, aanaan kombolcha, godina H/bahatti. Sadarkaan barumsaa kutaa 3, gandaafi aanaa keessa jiraatanii qonnaan bulaa adda dureedha jedhamanii filatamuun sadarkaa naannoo Oromiyatti badhaafamaniiru.

"Oyruu tanarratti duraan boqqolloofi bishingaa qoftii omishaa ture; misoomni qonnaa erga leenjii nuu kennee as, paakeejii maatiidhaan, dinnichaa, kaarota, kurumbaa, qaaccee, shunkurtaa kkf waggaa keessa yeroo sadii omishuudhaan hanga birrii kuma 25 galii qulqulluu waggaan argachuu irratti argama" jechuun kan yaada nuu kennan. Ob. Mahaadi Abdulaahii, bara 1996 dura galiin waggatti argatan birrii kuma 3 kan hin caalle ture jedhaniiru; omisha gosa addaddaa jallisiin misoomsanii galii isaanii akka guddisan kan taasiise, leenjii ogeessonni qonnaa bara 1996 irraa kaasanii kennaniif.

Ob. Mahaadii, hojiin jallisii bu'a qabeessa kan isaan taasiise, Eela bishaanii qopheeffatan. Eelatti bishaan qopha'e motoraan harkisanii kuduraafi muduraa misoomsuu danda'aniiru, yeroo roobni hin jirre. Haala kanaan hojjataa waan jiraniif bara 1996 birrii kuma 20, bara 1997, birrii kuma 25, bara 1998, birrii kuma 25 galii qulqulluu kuduraafi muduraarraa akka argatan dubbatu. Midhaanillee waan nyaataaf ga'u ni omishu. Kanaan alattis loon aananii kan faranjii sadii qabu, aanaan irraa waggatti birrii 3000-3600 akka argatan ibsaniiru. Lukkullee mala fooyya'aan horsiisuu jalqabaniiru. Hoolotas akkasuma horsiisaa jiru.

Sagantaa kana utuu hin eegalleen dura, qabeenna kana jedhamu kan hin qabne Ob. Mahaadiin amma mana qorqoorroo zingoo 200 magaalattii ijaaraniiru, birrii kuma 50 baankii qabu, hoolota 6 furdisaaru, horii aananis akkuma gubbaatti kaafne horataniiru; walumaagala jireenya isaanii haala gaariin fooyyessaa jiru.

Sheek Aadam Irreessoo jiraataa ganda qonnaan bulaa leenca lamaaniiti. Godina Arsii lixaa aanaa siraarotti. Barumsa idilee hanga kutaa sadii barataniiru. Hojii qonnaa irraa ka'anii, yeroo ammaa sadarkaa ol'aanaan nama jireenya mataa isaaniifi maatii isaanii jijjiiruu irratti argamaniidha. Sochii isaanii kanaan fakkeennaa ta'anii waan argamaniif ganda isaaniitii hanga aanaatti madaalamanii Adoolessa 16/1998 qonnaan bultoota adda duree galma muummicha ministeeratti badhaafaman keessaa nama tokko ta'uu danda'aniiru.

Sheek Aadam boqolloo paakeejiidhaan qotanii callaa guddaa argachuu jalqaban. Sanyii filatamaafi xaa'ootti fayyadamuudhaan. Akkaataa ogeessonni qonna gorsanitti hojjachuudhaan. Paakeejiin yeroo hin qonne callaa boqolloo kuntaala 50 caalu argatanii hin beekan, hek. sadii-afurillee yoo qotan. Bara callaa 1994/95 yeroo duraatiif paakeejiin qotuu jalqaban. Callaa kuntaala 200 argatan hek. tokkorraa kuntaala 60 argachuun danda'ame. Callaa kana kaayuun

ganna yeroo callaa gatiin mi'aayu gurguratan. Galii gaarii argatan. Bu'aa gaarii waan arganiif bara baraan hojicha cimsanii itti deeman. Haala kanaan fakkeennaaf bara callaa 1997/98 boqolloo kuntaala 450 omishuu danda'aniiru.

Callaa bara baraan argamu kaayuudhaan ganna gatii gaariin gurgurachuu aadaa godhatanii waan itti deemaa jiraniif, galii achirraa argamuun magaalaa Ajjeetti lafa fudhatanii waa heddu hojjataniiru.

Birrii kuma 130 ta'uun baabura afur dhaabbataniiru. Man-kuusaa kuntaala kuma 400 qabuu danda'uu birrii kuma 200n ijaaraniiru. Mana jireenyaa "viillaa" birrii kuma 100 ol fixe ijaaratanii xumuruu irratti argamu. Birrii kuma 20 taatu mana baankii jirti. Bara kanammoo boqqolloo kuntaala 500-600 argachuu akka danda'an abdii guddaadhaan dubbatu. Dimshaashatti qabeenna birrii kuma 450 ta'u horataniiru.

"Laftillee asuma turte, nutillee asuma turre garuu faayidaa irraa utuu hin arganne turre" kan jedhan sheek Aadam "paakeejiin mootummaan diriirsee yeroo gabaabaa keessatti nu jijjiiree sadarkaa kanarraan nu ga'u danda'e" jechuun mootummaa galateeffataniiru. Itti aansuun seenaa ogeessa dirree misoomaa tokko isin dubbisiifna.

Ogeessi dirree misoomaa kun Alamuu Tibbaa jedhamu. Godina Shawaa bahaa, aanaa Adaamii Tulluu jiddoo kombolchaa, wirtuu leenjii qonnaan bulaa ganda Worjaa Woshgullatti hojjataa jiru. Umriin 25, bara 1997 kolleejjii teknika Najjootii eebbifaman.

Ogeessi kun wirtuu leenjii asii olitti maqaan dhawametti kan ramadaman, baatii Ebla 1998 keessa ture. Yeroo bakka san isaan deeman mana qorqorroo Wirtuu leenjiif jecha qonnaan bulaan ijaare malee wanti kan biraa irra hin turre. Lafti Wirtuu kanaaf filatamte tan woma takka hin biqilchitu jedhee qonnaan bulaan itti qotuu dhiiseedha. Qilleensi naannichaa gammojjiidha. Wirtuun kun kan argamu magaalaa Baatuu (zuwaay) dudda duuba Finfinnee gara Shaashamannee yoo deeman. Ogeessi kun woyta yeroo duraa bakka san dhaqan waan itti dhaga'ame akkas jechuun ture kan ibsan.

"Yeroo jalqaba dhufee lafa kana ilaalu, qonnaan bulaa jijjiiruun haa hafuu, anumtuu fagoodha sodaadhe; eddon kan bishaan qabu hin turre, lafa daaraa malee margi irra hin jirre; mana ogeessi qonnaa akka keessa galuuf ijaarame malee, wanti biraa ilaalanii mul'atu hin turre, kana laalee duraan ni sodaadhe; deebi'ee keessa kiyya amansise, yoo kutadhee itti seene maal ta'a? gaaffii jedhu kaasee womaa hin ta'uu jedhee deebise; meeshaa magaalaa qabu fe'adhee haadha mana tiyya wajjin godaanee itti gale; utuu hin turre hojitti seene; ana ilaalee ummanni gandaallee hojjachuu jalqabe" jedhan.

Ogeessi kun akka hojitti seenaniin boolla bishaan itti eelu qotan; bakka qotan kanatti roobni roobnaan bishaan eele. Achumaa woraabanii biqiltuu obaasuu eegalan. Gara boodaa laastikii bishaan qophu jala afuudhaan haroon sirritti akka eelu taasisanii yeroo bonaa kana isaan biqiltuu misoomsaa jiru.

Waggaa tokko dura lafti daaraa malee wanti biraa irra hin turre, yeroo ammaa waa heddu biqilchaa jirti. Muduraa yoo fudhanne, paappayaa, Abukaadoo, Maangoo, kaazmirii, kaazneettii, kookii, Gishxaa kkf misoomaa jiru. Kuduraale yoo laalles, barbaree, shunkurtaa, shaanaa (Goommana) Abashaa fi maraa, dinnichaa kkf achumatti argina. Midhaan biilaa, qamadii, garbuu,

boloqqee, baaqela, misira, fandishaa, laawuz, Goraa (injoorrii) kkf misoomaniiru. Akkasuma biqiltuun mukaa gosa addaddaa dhaabamaniiru.

Kana males, gombisaan (gootaraan) gosa addaddaa, Gemoon filatamtuun, manni lukkuu keessatti horsiisan, manni horii keessatti furdisan, manni jibrii haarrii keessatti omshamu hojjatamanii, qonnaan bulaan dhaqee daawwataa jira.

Cimina agarsiisan kanaan, ganna darbe goota misoomaa jedhamanii badhaafamaniiru.

Walumaagala seenaa adda dureewwan misoomaa asii olitti kaafnee isin dubbisiifnee jirra, dubbistoota keenna. Kun muuxannoo guddaadha; muuxxannoo kana qaama keenna haa taasifnu, ittiin of haa jijjiirru, biyyas haa jijjiirruu. Misooma gaarii.